**DOI:** https://doi.org/10.20372/jdq.v1i1.748
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dil. Qor., Amaj. -Onk 2023, 1(1), 14-33**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

Qorannoo Asilii

# Xiinxala Caasaalee Durduriiwwan Oromoo: Oromoo Maccaarratti Xiyyeeffachuun

Magarsaa Dhinsaa[1*], Tashoomaa Egeree[2*], Filee Jaallataa[3*]
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Qorannoo gooroowwan afoolaa keessatti caasaalee isaanii qorachuun qindaa'ina, adeemsa seeneffamaafi ijaarama isaanii waan ifoomsuuf, barbaachisummaa olaanaa qaba. Haaluma kanaan kaayyoon bu'uuraa qorannoo kanaas caasaalee durduriiwwan Oromoo Maccaa hordofuun ijaaraman xiinxaluudha. Maddeen ragaalee qorannoo kanaas: maanguddoota, dargaggootaafi ijoollota yommuu ta'an, malli akkayyoofi malli darbaadabarsaa immoo malleen iddatteessuu itti dhimma ba'amanidha. Daawwannaa, afgaaffiifi mariigaree xiyyeeffannoo immoo meeshaaleen funaansa ragaalee qorannoo kana keessaatti ittiin ragaaleen funaannatamanidha. Ragaaleen funaanamanis barreeffamatti erga jijjiiramanii booda yaadiddama caaseffamaa bu'uureffachuun mala akkamtaan qaacceffamanii jiru. Qaaccessa taasifame bu'uureffachuu argannoowwan bu'uuraa qorannoo kanaas: durduriiwwan Oromoo Maccaa hedduun caasaalee seeneffamaa unkaa mataa isaanii (their own versions) ta'ee hordofuun kan ijaaraman ta'uufi durduriin tokko akkaataa himamsa isaa irratti hundaa'uun gosaafi lakkoofsa caasaalee jijijjiiramaa qabaachuu kan danda'u ta'uudha. Akkasumas, adeemsi caasaalee seeneffamaa durduriiwwan Oromoo Maccaa walitti dhufanii waliin jiraachuun (tokkummaan) milkaa'ina kan gonfachiisu ta'uufi faayidaan, aangoon, amalliifi axxummaan badaan garuu yeroo baayyee maddeen walitti bu'iinsaa ta'uun tokkummaa kan diigan ta'uu isaanii akka addeessudha.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 12-01-2023
Revised: 19-07-2023
Accepted: 23-09-2023

***Jechoota Ijoo:*** *durdurii, caasaa, caaseffama, seeneffama, afseenaa, Oromoo Maccaa*

**Qorataa Muummee:* *Magarsaa Dhinsaa*

*Email:* *megersaabeye@gmail.com*

**Copyright@2023 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.**

## SEENSA

Hawaasni kamiyyu afseenaawwan ittiin jiruufi jireenya isaa ibsatu niqaba. Afseenaawwan yeroo tokko tokko seeneffamoota hawaasaa (*folk narratives*) jedhamuunis kan waamaman yommuu ta'u, seeneffamoota bifa hololoon dhihaatan kanneen akka: durduriiwwanii, seenduriiwwaniifi ragamtaalees ofjalatti haammata (Dorson, 1972). Afseenaawwan kalaqoota hawaasaa caasaalee seeneffamaa qindaa'ina olaanaa qaban hawaasichi ittiin akkaataa jiruufi jireenya isaa ibsatu ta'ee, gooroowwan isaa dhaabbataa kennuun garuu rakkisaadha. Sababiin isaas, hayyoonni kaan unkaafi qabiyyee isaa, kaan faayidaa isaan,
isaan biroon immoo dirree hojii ofii isaanii bu'uureffachuun waan qoodaniifidha. Haata'u

malee, ragamtaaleen, durduriiwwaniifi seenduriiwwan gooroowwan afseenaa isaan bu'uuraadha (Okpewho, 1992).

Barthes fi Duisit (1975) akka ibsanittis, afseenaawwan seeneffamootaa hawaasaa akkaataa jiruufi jireenya hawaasa sanaa isa dhugaafi ilaalcha isaan addunyaa keessa jiraniif qaban ibsanidha. Karaan afseenaawwan ittiin dhihaatanis: afaaniffaan, sochiilee qaamaafi afaaniffaan, akkasumas mallattoowwaniifi afaaniffaan yommuu ta'an, gooroowwan bu'uuraa kanneen akka: ragamtaalee, seenduriiwwanii, baacoowwanii, durduriiwwanii, agarsiisotaafi tallaamsotaas ofjalatti haammata.

Qorannoon kunis gooroowwan afseenaa kanneen keessaa durdurii qorachuurratti kan xiyyeeffate yommuu ta'u, yaad-rimee durdurii kennuu ilaalchisees hayyoonni garaagaraa bifa adda addaan ibsanii jiru. Kanneen keessaa muraasnis akka itti aananii jiran kana ta'u. Durduriin kan akka amantaatti yookaan seenaatti ilaalamuufi fudhatamu miti; dhimma dhugaan raawwatame ta'uus ta'uu dhiisuus nidanda'a. Haata'u malee, oguma qindaa'inaafi adeemsa seeneffamaa olaanaa qabu bashannansiisuuf, safuufi duudhaa hawaasaa barsiisuuf taphatamu yookaan himamudha (Bascom, 1965).

Durduriin kalaqa hawaasaa aartiin guutame ta'ee kaayyoon inni himamuuf kan jalqabaas walbashanansiisuufidha. Faayidaa dabalataa biroo kanneen akka: icciitomsuun waa himuu, walakeekkachiisuufi barsiisuu, fakkeenyaaf, safuufi duudhaalee hawaasa ofii walbarsiisuuf kan himamudha (Dorson, 1972). Durduriin kalaqa hawaasaa adeemsa seeneffamaa daran qindaa'ina olaanaafi jabaa qabu hordofuun seeneffamu qabu ta'ee, karaa hawaasni sun ittiin dhimmoota hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee isaa ilaalchisuun ergaa waliif dabarsu keessaas tokkodha (Songsin, 1999).

Durduriiwwan gooroowwan afseenaa bal'inaan beekamaniifi itti dhimma ba'amanidha. Kana jechuun garuu durduriiwwan hunduu kan akka salphaatti beekamaniifi qu'atamanidha jechuu miti. Muraasni isaanii bal'inaan kan beekaman yommuu ta'an, kaan immoo hawaasa murtaa'e qofa biratti daanga'u (Schoemaker, 1990). Durduriin seeneffama addunyaa har'aa keessatti itti dhimma ba'amaa jiru yeroofi bakka danga'aa hinqabne, taatota akka: bineensotaa, wantotaafi bulguu irraa ijaaramudha (Saahiluu, 1996). Oromoo biratti, durduriin gooroo afseenaa daran beekamaa walbashannansiisaa ergaa waliif dabarsuufi walbarsiisuuf itti dhimma ba'amudha (Sumner, 1996).

Durduriiwwan Oromoo gosoota gurguddoo sadiitti qoodamu. Isaanis: durduriiwwan bineensotaa (*animal tales*), durduriiwwan laf-lafoo (*ordinary tales*)fi baacoowwaniifi taphoota (*jokes and anecdotes*)dha (Sumner, 1996). Qorannoo kana keessatti kanneen xiyyeeffataman keessaa inni bu'uuraa garuu caasaalee seeneffamaa durduriiwwan bineensotaa (sheekkoowwan)dha. Sababiin isaas, Oromoo Maccaa biratti gosoota durduriiwwanii bal'inaan beekaman waan ta'aniifidha.

Durduriiwwan Oromoo irratti bifa daran bal'inaafi gadifageenya ykn cimna qabaniin qorannoowwan garaagaraa geggeeffamuu kan isaan eegalan baroota hedduu akka hinlakkoofsisiin qorattoonni adda addaa addeessanii jiru. Fekade (2001) akka ibsetti, gooroowwan afseenaa Oromoo bal'inaan qoratamuu kan isaan eegalan baroota 1970'ootaa keessadha. Durduriin dhimmoota

hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee hawaasa tokkoo ibsuu keessatti kalaqa shoora guddaa taphatu ta'uus qorannoowwan geggeeffaman kan addeessan ta'uu qorataan kun ibseera.

Kallattiin caasaalee durduriiwwanii irratti ta'uu baataniyyu, qorannoowwan qorannoo kanaan firoomina qaban Afaan Ingiliziin geggeeffamanii jiran muraasnis: Dastaa (2015), Isheetee (2008)fi Taaddasaa (2013) durdurii akka gooroo tokkootti fudhachuun gooroowwan afoola Oromoo garaagaraa irratti qorannoo geggeessanii jiru. Haata'u malee, qorannoo qorattoota kanaa keessaa kan qorannoo kanaan walitti dhufeenya kallattiifi tokkummaa qabu hinjiru. Xiyyeeffannoon matadureefi argannoowwan bu'uuraa qorannoo qorattoota kanaas akka armaan gadii kana ta'a.

Dastaa (2015) '*A Functonal Study of Tulama Oromo Prose Narratives'* mataduree jedhu irratti xiyyeeffachuun, durduriis akka gooroo tokkootti fudhachuun faayidaa inni Oromoo Tuulamaa biratti qabu qorateen durduriin kalaqa qofa osoo hintaane falaasama hawaasni itti dhimma ba'u sun ittiin dhaloota gorsu, jajjabeessuufi akeekkachiisuudha. Akkasumas, dhugummaa safuufi duudhaalee isaanii mirkaneessuuf kan itti gargaaraman ta'uu argannoo isaan addeessee jira.

Isheetee (2008) immoo *'African Egalitarian Values and Indigenous Genres: The Functional and Contextual Studies of Oromo Oral Literature in a Contemporary Perspectives'* mataduree jedhu irratti kan geggeesse yommuu ta'u, durduriis akka gooroo tokkootti fudhachuun irratti xiyyeeffatee jira. Innis afoolli Oromoo jireenya hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa isaa keessaatti humna barsiisuufi eenyummaa ijaaruu olaanaa akka qabuufi Oromoon maal keessa darbeefi akkamitti dhufee sadarkaa qaroominaa amma irra jirurra akka ga'e addeessa jechuun argannoo isaan ibseera.

Taaddasaa (2013) immoo *'Children and Oral Tradition Among the Guji-Oromo in Southern Ethiopia'* mataduree jedhurratti daa'imman madda ragaalee godhachuun, akkamitti akka daa'imman jireenya guyyuu isaanii keessatti afoola himan qoratee jira. Argannoo isaanis afoolli daa'immanii karaa isaan ittiin adeemsa beekumsa maddisiisuufi dabarsuu keessatti hirmaatan, haala jireenya hawaasummaa naannoo isaanii hubataniifi karaa isaan ittiin ga'ee isaaniifi itti gaafatamummaa isaanii hawaasa keessattii hubatan ta'uu ibsee jira.

Qorannoon qorattoota armaan olitti eeramanii kunniin xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'e 'qaaccessa caasaalee durduriiwwanii' irrattti garuu xiyyeeffatanii hinjiran. Qorannoon kun kaayyoon, bakkaafi yaadiddama bu'uureffatameen qorannoowwan qorattoota kanaarraa addadha. Qoratichi qorannoo isaa mataduree eerame kanarratti akka geggeessuuf wantonni isa kakaasanis: muuxannoo duraan gooroowwan afseenaa Oromoo garaagaraa funaanuun caasaalee isaanii qaaccessuurratti qabu, durdurii tokko akkaataa garaagaraan himuu namootaafi namoonni ilaalcha faallaa walii ta'e gooroo afseenaa kanarratti qabaachuu isaaniidha. Kunis, namoonni kanneen oguma qindaa'inaafi caasaalee seeneffama olaanaa qabu godhanii yommuu fudhatan, kanneen biroon immoo waan qindaa'ina hinqabneefi lattaama godhanii fudhachuu isaaniidha. Kanaaf, ilaalchaawwan kana addaan baasuun kaka'umsa qoratichaa isa biroo ta'ee jira. Qabxiilee kanneen bu'uura godhachuun kaayyoon qorannoo kanaas adeemsa caasaalee

seeneffamaa durduriiwwan Oromoo Maccaa hordofuun seeneffaman xiinxaluudha.

**Oromoo Maccaa**


Qorannoowwan dhimmoota Oromoo Maccaa irratti geggeeffamanii jiran bakkeewwan qubsumaafi daangaa Maccaa bifa garaagarummaa bu’uuraa hinqabneen ibsanii jiru. Alamayyoofi kaawwan (2006) akka ibsanitti, goodinaaleen Oromiyaa qubsuma Maccaa ta’an: Showaa Lixaa, Kibba Lixa Showaa, Horroo Guduruu Wallaggaa, Wallagga Bahaa, Wallagga Lixaa, Qeellam Wallaggaa, Iluu Abbaa Booraafi Jimmaadha. Akkasumas, Wambaraafi bakkeewwn muraasa kutaa bulchiinsa Goojjam keessadha. Macci kallattii Kaabaan Tuulamaafi naannoo Amaaraan, Kibbaan Saabafi Sablamoota Kibbaan, Bahaan Tuulamaaniifi Lixaan immoo naannoo Beneshaangul Gumuziifi naannoo Gambeelaan daangeffamee akka jirus barreessitoonni kunniin addeessaniiru.

Karaa biraanis, Oromoon Maccaa Kaabaan hanga Laga Abbayyaatti, Kibbaan hanaga Laga Goojebittiifi Lixarraan immoo hanga Daabusiifi Tulluu Walalitti tamsa’ee kan jiraataa jirudha (Tasammaa, 1980). Ezekiel (2007) immoo Oromoon Maccaa Lixaafi Kibba Lixa Itoophiyaa kan jiraataa jiru ta’uu addeessee jira. Akkasumas, Cerulli (1922) immoo teessumni Oromoo Maccaa laga Gibeen gama Shanan Gibee (Gumaa, Gommaa, Geeraaa, Jimmaafi Limmuu), Iluu Abbaa Booraa, Noonnoofi maatiiwwan Leeqaa shanan akka ta’e ibsee jira. Addeessi ‘Cerulli’ taasise kun umurii dheeraan dura ta’uurraa kan ka’e daangaa Maccaa kan har’aa guutummaa guutuutti kan haammate miti. Gosoota Oromoo Maccaa ilaalchisees, Macci gosoota gurguddoo shan ‘Shanan Maccaa’ jedhamuun beekamanitti akka qoodamu hayyoonni adda addaa ibsanii jiru. Ezekiel (2007) akka addeessetti, Macci gosoota gurguddoo shan: Liiban, Daallee, Jaawwii, Guduruufi Jiddaa Maccaatti kan qoodamu yommuu ta’u, gosoonni isaa kun shananis ‘Shanan Maccaa’ *(the five descendants of Maccaa)* jedhamuun beekamu.

Alamayyoofi kaawwan (2006) akka addeessanittis, Oromoon Maccaa qomoolee shan ‘Shanan Maccaa’ jedhamanitti kan qoodamu yommuu ta’u, shanan isaaniis goodinaalee Lixa Oromiyaa keessaafi kutaalee Itoophiyaa garaagaraa keessa jiraatu. Isaanis: Liiban Maccaa (Ammayyaafi Waliisoo - Kibba Lixa Shawaa, Kutaayee - Showaa Lixaa), Jaawwii Maccaa (Amuruu, Horroo, Jimmaa-Gannatiifi Jimmaa Raaree - Horroo Guduruu Wallaggaa keessa, Ibaantuu, Limmuu, Liibaniifi Giddaa - Wallagga Bahaa keessaafi Bulan kan naannoo Beneshaangul Gumuziifi Lixa Goojjam naannoo Amaaraa keessa jiraatan dabalata), Guduruu Maccaa (Maloolee, Amilee, Looyyee, Illaamuu, Lakkuufi Sirbaa - Horroo Guduruu Wallaggaa), Daallee Maccaa (Leeqaa, Sayyoo, Sibuu, Tummee, Noonnoofi Daannoo - Wallagga Bahaafi Shawaa Lixaa)fi Jiddaa Maccaa (Harsuu, Jimmaa, Sadachaafi Badii - Jimmaa, Iluu Abbaa Booraa, Buunnoo Beddellee, Wallaggaa Lixaafi Qeellam Wallaggaa keessa kan jiraatan)dha.

Oromoon Maccaa babal’achaa deemuu isaarraa kan ka’e damee isaa babal’ifatee yeroo ammaa kana daangaa bal’aarraa jirataa jira. Kunis, Leeqaa, Sibuu, Tumee, Amuru, Nonnoo, Jimma, Wallaggaafi Hulleedha. Babali’inasaa kanarraa ka’uunis, bakkeewwan giddugala bulchiinsa isaa Oodaa Bisiliin alatti bakka garaagaraa godhatee jira. Maatiin

Hullee laga Gibee ce’uun shanan Gibee: Jimmaa, Geeraa, Gumaa, Gommaafi Limmuu; maatiin Tumee immoo gara Lixaa deemuun walakkaa Iluu Abbaa Booraa horanii jiru (Tasammaa, 1980).




Maappii Qubsuma Oromoo Maccaa (*maddi: Bulchiinsa Naannoo Oromiyaa - 2015)*

Goodinaalee qubsuma Oromoo Maccaa ta’an keessaa Wallaggi Bahaa, Jimmaafi Shawaan Lixaa kanneen qorannoo kun irratti adeemsisedha. Goodinaaleen kunniinis kallattii garaagaraa irratti waan argamaniif, akkasumas, bakkeewwan qubsuma gosoota Maccaa adda addaa waan ta’aniif ragaalee garaagarummaa qaban argamsiisuu danda’u jedhamanii yaadamuun fudhataman.

## Sakatta’a Barruulee

Kutaan kun bakka itti sakatta’i barruulee firoomanii yookaan walfakkaatanii yaad-rimeewwan durdurii, taatotaafi caasaalee durduriiwwanii, akkasumas, yaadiddama qorannoo kana keessatti bu’uureffatame ilaalchisuun adeemsifamedha. Yaad-rimeewwan durdurii jalatti maalummaafi faayidaaleen durduriiwwanii, qoddattoota durduriiwwanii jalatti immoo qooddattoonni seeneffama sana keessatti qooda fudhataniifi hariiroon isaanii sakatta’amee jira. Caasaalee durduriiwwaniin walqabateemmoo adeemsota seeneffamaa durduriiwwan hordofuun ijaaramanituu sakatta’ame.

Beektonni ogbarruu garaagaraa durdurii bifa adda addaan hiikanii jiru. Abrams (1988) durduriin seeneffama gabaabaa unkaa hololoon qindeeffame ta’ee kan abbaan isaa akka nama dhuunfaatti addaan ba’ee hinbeekamne ta’uu addeesseera. Ragamtaalee,

sheekkoowwan, seeneffamoota gootaafi durduriiwwan gammachisoo (*fairtales*) akka dabalatus hayyuun kun ibseera. Durduriin kalaqa hawaasaa caasaa seeneffamaa olaanaa qabu; hawaasa hundaanis itti amanamee fudhatamu, qindeeffama isaan immoo daa'immanis ta'e ga'eessota ofitti harkisudha (George, 1981).

Duduriin gooroo afseenaa akka asoosamaatti yookaan seeneffamaatti fudhatamudha. Haata'u malee, akka seenaatti kan hinilaalamne, dhimma dhugaan raawwatame ta'uus dhiisuus kan danda'uufi waan durii kan ta'e, eenyu akka kalaqes akka nama dhuunfaatti kan hinbeekamne, afaaniffaan kan daddarbuufi umurii, saala, gareefi bakkaan osoo hindanga'iin qaama hundumaaf kan gargaaruufi aartii barbaachisaa ta'edha (Bascom, 1965).Yaada hayyuu kanarraa hubachuun akka danda'amutti durduriin seeneffama artiin guutame hawaasni tokko ittiin ofibsu, duudhaa isaafi ilaalcha naannoo isaaf qabu ibsu akka ta'edha. Akkasumas, durduriin oguma daangeffama ulaagaa kamiyyu malee qaamolee hawaasaa maraan itti dhimma ba'amu akka ta'edha.

Durduriin seeneffama seenaawwan durdur turan irraa maddeefi barsiifata hawaasaa afaaniffaan daddarbaa dhufe, daddarbaa jiruufi itti fufeef afaanefumaan daddarbuun jiraatudha (Shaw, 1972). Durduriin oguma adeemsa seeneffama isaan qalbii namaa hawatu, kan beektonni beekumtaa akka galmee aadaattiifi seenaa beektotaatti fudhachuun qaaccessaaniifi ga'ee inni hawaasa keessatti qabus mala-dhahanidha (Luthi, 1982). Beektonni xiinsammuu seeneffamoota kana kan isaan fudhatan akka waan isaan ibsa adeemsota sammuu dhala namaa keessatti raawwatamaniitti yoo ta'u, dhiibbaa isaan dhaggeeffattootarratti fidanis qu'atu. Beektonni ogbarruu immoo maaltuu durdurii akka durdurii taasise murteessuuf kan dhama'aniifi aartiilee barbaachisoo gooroo kanaa hubachuuf kan hawwan ta'uu barreessaan kun addeeseera.

Durduriin oguma qindaa'ina olaanaa qabu, gooroo afseenaa aartiin guutameefi kan hanga ta'e tokko dhabbatummaa qabuufi bifa xumuramummaa qabuun dhihaatudha. Kaayyoon isaan himamaniif inni jalqabaas bashanansiisuuf yommuu ta'u, ergaawwan dabarsan garaagaraas qabu (Dorson, 1972). Yaada hayyuu kanaarraa durduriin oguma qindaa'ina olaanaa qabu bo'aarsaa ittiin ergaa waliif dabarsuuf, walbarsiisuufi beekumsa hawaasaa ittiin waliif dabarsuuf itti dhimma ba'amu akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

Uummanni Oromoo uummata falaasama bal'aa ergaa gadifagoofi waraabamee hindhumne ofkeessaa qaban hedduu kan qabu yommuu ta'u, kanneen keessaa durduriin isaa tokkodha. Durduriiwwan isaa kanatti dhimma ba'uunis jireenya hawaasummaa isaa, dinagdee, siyaasa, ilaalchaa, amantaa, duudhaaleefi walumaagalatti akkaataa jiruufi jireenya isaa ittiin ibsata, walbarsiisa, ittiinis tikfata (Sumner, 1996).

Durduriiwwan Oromoo keessatti ogumaafi beekumsa bal'atuu mul'ata. Taatotni durduriiwwan Oromoos beekumsaafi ogumaa cimnaafi gadifageenya ofkeessaa qabutti fayyadamanii rakkina hawaasicha gidduutti uumamuuf deemu qolatu; kan uumame immoo hiiku. Kun immoo duudhaa tureefi jirudha. Ogumaafi beekumsa qofas osoo hintaane gowwummaafi wallaalummaan mul'achuunis yeroo jireenyi diigamu, badiin raawwatamu, diinaan yeroo injifataman, miidhamaaf yeroon

saaxilamaniifi tokkummaan diigamu nimul'ata (Sumner, 1996). Yaada barreessaa kana irraa Oromoon durduriiwwan isaan gowwummaa, doofummaa, walaalummaa, ofitummafi kan kana fakkaatan akka balaaleffatuufi jibbuu; ogumaafi beekumsa qabaachuu immoo akka jajatu hubachuun nidanda'ama.

Lammii (1995) akka ibsetti, jireenya hawaasummaa Oromoo tiksuufi kabachiisuu keessatti gooroowwan afseenaa qooda olaanaa qaban keessaa durduriin isa tokkodha. Oromoon durdurii isaatti gargaaramuunis jireenya hawaasummaan ala jiraachuun akka nama harka tokkoon shubbanuu akka ta'e addeessa jechuunis barreessaan kun ibseera. Yaada barreessaa kanaarraa hubachuun akka danda'amuttis, hawaasummaa malee jiraachuufi nan jiraadha jedhanii yaaduun ulfaataa ta'uu Oromoon durdurii isaan kan barsiisu akka ta'edha. Oromoon nama jireenya hawaasummaa malee jiraatus durduriiwwan isaatti gargaaramuun gorsee qajeelcha; gara hawaasummaattis isa deebisa.

Durduriin kalaqa dhimma tokko taatee dur ta'e fakkeessuun dhiyyeessuu ta'ee kan yeroofi bakka adda addaatti himamudha. Kan inni himamus, walbashannansiisaa ergaawwan garaagaraa ittiin waliif dabarssuufidha (Saahiluu, 1990). Yaada qorataa kanaarraa durduriin kalaqa hawaasaa hawaasni sun ittiin walbo'arsaa ergaa waliif dabarsu ta'uu hubachuun kan danda'amu ta'uyyu, kaayyoon ijoollonni durdurii taphataniif garuu ergaa waliif dabarsuu osoo hintaane walbo'aarsuuf qofa akka ta'e ibsamee hinjiru.

Durduriin Oromoo oguma bal'aa bal'inaan itti dhimma ba'amu ta'ee, ergaafi faayidaa inni hawaasa itti gargaaramu sanaaf qabus akkuma galaana waraabanii fixuun hindanda'amne, waraabamee hinxumuramu. Fakkeenyaaf, sirna jaarsummaa raawwachuu keessatti, waroommii keessatti, ilaalcha uummanni Oromoo jiruufi jireenya gamtaafi tokkummaarratti qabu ibsuu keessatti, akkasumas, haala siyaasaa keessaa jiru ibsachuu keessatti durduriiwwan iddoo olaanaa qabu (Lammii, 1995).

Walumaagalatti, yaadaa barreessitoota olii kanarraa hubachuun akka danda'amutti durduriin kalaqa hawaasaa adeemsa seeneffamaa qindaa'aa olaanaa qabu hordofuun seeneffamu ta'ee, kan ittiin jaalala, jibba, hawwii, sodaa, fedhii, quuqama, gaddaafi gammachuu jiruufi jireenya ofii keessatti nama mudatan ittii ibsatan keessaa tokko akka ta'edha. Maccis, dhimmoota eeraman kanaa ittiin ibsachuuf durduriiwwan isaatti bal'inaan dhimma ba'a.

Taatota durduriiwwan irraa ijaaraman ilaalchisees, Finnegan (1976)fi Owomoyela (1979) akka ibsanitti, taatotni durduriiwwanii akkuma jireenya dhugaa dhala namaa amalaafi eenyummaa badaafi gaarii kan qabanidha. Bu'aan walitti bu'iinsaafi waldiddaa eenyumoota kana lamaan gidduutti uumamuus duudhaafi ilaalcha hawaasa sanaan mirkanaa'e kan dhiibbaa gaarii miseensa hawaasicharratti fidu ta'uu agarsiisa. Jablow (1961) immoo durduriiwwan Aferikaa bal'inaan taatota bineensotaa irraa kan ijaaraman ta'uu addeessee jira. Keessumaa, taatota nama gammachiisan kanneen akka: illeettii, osolee, dhaddee, qocaa, hantuutaafi qamaleerraafi taatota albaadhummaa, waan badaafi waan seeraan alaa dalaguun beekaman kannnen akka: waraabessaafi booyyee irraa ijaaramu.

Finnegan (1976) akka ibsitetti, taatotni seeneffamoota guutummaa Aferikaa irra deddeebi'uun kan itti dhimma bahamanidha. Akkasumas, seeneffamoonni waa'ee dhala

namaa ta'an hedduun jiru. Seeneffamoota waa'ee dhala ta'an keessatti namoonni qooda fudhatanis namoota lafa lafaa yookaan namoota beekamoo, gootota, mootota, namoota fakkeenyummaa gaariis ta'e badaa qaban, akkasumas, namoota seenaa wantota sammuu dhala namaa olii *(supernatural beings)* ta'anii himanidha. Taatotni bineensotaa fakkoommii garaagaraa qabaachuun kan beekamaniifi qooda fudhatan yommuu ta'an, wantota seeneffama durduriiwwanii ofitti hawwatummaafi miyaa kennan keessaas tokko akka ta'e hayyuun kun ibsiteetti.

Ergaa durdurii tokkoo argachuuf akkaataa ijaarama caasaalee durduricha xiinxaluun murteessaadha. Ergaan yeroo baayyee irra deddeebbii yaadaa durdurii sana keessatti mul'atu irraa, waldiiddaa qooddattoota gidduutti uumamuufi mo'icha waldiddaa sana keessatti argamu irraa, akkasumas, akkaataa dubbii taatota durdurii sana keessa jiranii irraa hubatamuu danda'a (Awoonor, 1983). Durduriin akkuma ergaa garaagaraa qabu taatota garaagaraas qaba. Taatotni isaa kunis lubbu dhabeeyyii, bineensotaafi dhala namaa ta'uu danda'u. Qoqqoodiin ergaa durduriis duriduriin sun waa'ee maalii akka ibsu qofarratti xiyyeeffachuun kan taasifamu osoo hintaane gosa taatota isaarrattis kan hundaa'ee taasifamudha (Saahiluu, 1996).

Durduriiwwan Oromoo yeroo baayyee qooddattoota akka bineensota manaa, bineensota bosonaa, simbirootaafi wantota irraa ijaaramu. Gosoota qooddattoota kanaas walii walii isaaniitiin walitti fiduun (fakkeenyaaf, bineensa manaafi bineensa manaa) yookaan isa tokko isa biroo wajjin walitti fiduun (fakkeenyaaf, bineensa manaafi bineensa bosonaa) durduriiwwan Oromoo ijaaramu (Sumner, (1996). Durduriiwwan Oromoo kan isaan irraa ijaaraman qooddattoota akka horii, namaa, bineensotaa, mukaafi sibiilotaa irraadha (Getaachoo, 2006). Lammii (1995) immoo durduriiwwan Oromoo hedduun isaanii bineensota akka: leencaa, waraabessaa, illeettii, osolee, qamalee, jaldeessaafi horiiwwanii irraa akka ijaaraman durduriiwwan funaane bu'uureffachuun tarreessee jira.

Durduriiwwan Oromoo baayyinaan kan isaan ijaaraman wantota garaagaraarraa, bineensota bosonaafi manaarraa, akkasumas, dhala namaarraadha. Bineensota keessaas, fakkeenyaf, kanneen akka: jeedalaa, qamalee, jaldeessaa, waraabessaa, leencaa, boofaa, gafarsaa, arbaa, hantuutaafi kanneen biroodha. Akkasumas, kannen akka bulguu taatota durduriiwwan Oromoo beekamoodha. (Saahiluu, 1990). Qaaccessi caasaaleen durduriiwwanii qorannoo kana keessatti taasifamees adeemsa seeneffamaa walitti dhufeenyaafi waliin jireenya taatotaa kan bu'uureffatedha.

Kaayyoo qorannoo kanaa kan ta'e adeemsa caasaalee seeneffamaa durduriiwwan Oromoo Maccaa qaaccessuu keessattis, ga'een taatotaa bu'uuradha. Sababiin isaas, gosti caasaalee durduriiwwanii qorannoo kanaan xiyyeeffatamee kan waliin jireenyaafi gochaalee taatotaarratti hundaa'e waan ta'eefidha. Durduriiwwan Oromoo Maccaas yeroo baayyee kan isaan irraa ijaaraman taatota uumaman amala waliif fallaa ta'e qaban, walii isaanii nyaataniifi diina walii ta'an, yookaan walitti dhufeenya tokkollee hinqabne gidduutti hariiroo finnummaa yookaan diinummaa uumuunidha.

Unkaalee durduriiwwan ittiin beekaman keessaa inni biraan immoo caasaalee

seeneffamaa qindaa'ina olaanaa qaban hordofuun kan seeneffamaniifi ijaaraman ta'uu isaaniinidha. Caasaalee durduriiwwanii ilaalchisuun hayyoonni garaagaraa caasaalee gosaafi baayyinaan garaagaraa kennaniiru. Garaagarummaa kanaaf wantota sababoota ta'an keessaa immoo tokko uummataa uummatatti, akkasumas, biyyaarraa biyyatti garaagarummaa qabaachuu adeemsota caasaalee seeneffamaa durduriiwwaniidha (Okpewho, 1992).

Beektota caasaalee durduriiwwanii qoratan keessaa Propp (1928) isa tokkodha. Propp bal'inaan caasaalee durduriiwwan Raashiyyaa qabanii kan qorate yommuu ta'u, innis durduriiwwan caasaalee 31 akka qaban addaan baasee jira. Caasaalee durduriiwwannii addaan baase kannnen faayidaalee durduriiwwanii jechuunis niwaama. Caasaaleen dhaabbatoo, kan hinjijijjiiramneefi lakkofsaan murta'oodha jechuunis hayyuun kun addeesseera.

Greimas (1983) immoo caasaalee durduriiwwanii Propp eere kanneen gara sadiitti gadi hir'isuun caasaalee durduriiwwan irraa ijaaraman sadii ta'uu eeree jira. Isaanis: (1) hurubummaa *(performative syntagms)* (2) waliigaltee *(contractual syntagms)*- waliigaltee uumuufi cabsuufi (3) addaan ba'iinsa *(disjunctional syntagms)*- addaan ba'uufi walitti deebi'uu taatotaadha.

Okpewho (1992) akka Dundes (1971) waabeffachuun addeesseetti immoo durduriiwwan Afarikaa Bahaa caasaalee gurguddoo shan irraa ijaaramu. Isaanis: (1) caasaa hiriyyummaa *(friendship)* - walitti dhufuun hiriyyummaa uumuufi wajjin jiraachuu taatotaa, (2) caasaa waliigaltee *(contract)* - waliigaltee uumuu, yookaan waliigalanii waa raawwachuu taatotaa, (3) caasaa waliigaltee cabsuu *(violation)* - waliigaltee duraan raawwatamee ture cabsuu, (4) caasaa walqorachuu *(discovery)* - waliigalteen cabuurraa ka'uun rakkoo isaa walqorachuufi (5) caasaa diigamuu hiriyyummaa *(end of friendship)* - bakka itti taatotini gargar bahuun hiriyyummaan isaanii diigamee argamudha.

Qorannoo kana keessatti dhimmoota durduriiwwanii keessaa 'caasaaleen isaanii' kan inni xiyyeeffatameefis caasaaleen durduriiwwan hordofuun seeneffaman dhimmoota durdurii isaan biroo, fakkeenyaaf, ergaafi faayidaa isaanii qajeelchuu keessatti isa bu'uura waan ta'eefidha. Qaaccessi caasaalee durduriiwwan Oromoo Maccaa qorannoo kana keessatti adeemsifamees, caasaalee durduriiwwanii Okpewho (1992) addeessee kanneen kan bu'uureffatedha. Sababiin isaas, hojiin isaa durduriiwwan Aferikaa Bahaarratti (argama Oromiyaa waan hammatuuf) kan xiyyeeffate waan ta'eefidha.

Qaaccessi ragaalee qorannoo kanaas yaadiddama caaseffamaa bu'uureffachuun adeemsifamee jira. Yaadiddamni kun baroota 1930'ootaa keessa Awurooppaatti qorattoota xinqooqaa kanneen ta'an Ferdinand De Saussure fi Nortrop Farye fa'iin kan argatame yommuu ta'u, baroota 1960'ootaa keessa immoo biyya Ameerikaa keessatti bifa ammayyaan kan hojiirra ooledha (Okpewho, 1992). Gooroowwan afoolaa irratti qorannoo adeemsisuu keessatti caasaalee isaanii qorachuun murteessaa akka ta'eefi yaadiddamni caaseffamaa immoo yaadiddama caasaalee isaanii qaaccessuu keessatti hiriyyaa hinqabnedha (Dundes, 1980).

Yaadiddamni caaseffamaa kan qindaa'inaafi adeemsaawwan seeneffamaa durduriiwwan hordofuun ijaaramanii durduriiwwan caasessuun caasaalee isaanii qorachuuf

gargaaru yommuu ta'u, durdurii tokko qeenxoowwan isaatti caasessuun qorachuun yoo hindanda'amiin immoo madaallii sirrii geggeessuun hindanda'amu (Propp, 1968). Dundes (1980) immoo yaadiddama caaseffamaan caasaalee durduriiwwanii qorachuu keessatti galumsa aadaa hawaasa durduriiwwan sun keessatti himamanii bu'uureffachuu murteessaa ta'uu ibsa. Gama birootiin immoo yaadiddamni caaseffamaa yaadiddama unkaaleefi caasaalee gooroowwan afseenaa hordofuun ijaaramanii qorachuuf ooludha (Okpewho, 1992). Qorataan kun Dundes (1971) waabeffachuun akka addeessettis, durduriiwwan Aferikaa Bahaa caasaalee bu'uuraa shan hordofuun seeneffamu. Isaanis akkuma olitti ibsamanii jiran: caasaa hiriyyummaa, caasaa waliigaltee, caasaa waliigaltee cabsuu, caasaa walqorachuufi caasaa diigamuu hiriyyummaadha. Caasaaleen durduriiwwanii kunniin qorannoo kana keessattis kanneen bu'uurefftamanidha.

**Malleen Qorannoo**

Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaatti dhimma ba'amuun adeemsifamee jira. Sababiin isaas, ragaaleen funaanaman kan lakkoofsaan ibsamuufi safaramuu danda'an miti. Akkasumas. paraadaayimiin ijaarsaa *(constructivism paradigm)* qorannoo kana keessattii bu'uurreffatameera. Paraadaayimiin ijaarsaa kunis beekumsa hawaasaa ijaaramee jiru tokko beekumsa dabalataan *(alternative knowledge)* dhugoomsuuf kan gargaarudha (Creswell, 2009).

Qoratichi mala iddatteessuu akkayyootti gargaaramuunis goodinaalee Oromoo Maccaa keessa jiraatu saglan keessaa: Wallagga Bahaa (Aanaa Giddaa Ayyaanaa-Jaawwii Maccaa), Jimmaa (Aanaa Deedoo-Jiddaa Maccaa)fi Shawaa Lixaa (Aanaa Baakkoo Tibbee-Daallee Maccaa) irratti qorannoo isaa adeemsise. Goodinaaleefi aanoleen kunniinis kallattii garaagaraarratti waan argamaniif, akkasumas, qubsuma gosoota Maccaa adda addaa waan ta'aniif goodinaalee Oromoo Maccaa biroo bakka bu'uufi ragaalee garaagarummaa qaban argamsiisuu danda'u jedhamanii yaadamuun filataman.

Qorannoo kana adeemsisuu keessatti qoratichi ragaalee isaa kan inni funaannates maddeen ragaalee tokkoffaa irraa yommuu ta'u, isaanis: maanguddoota, dargaggootaafi ijoollota (umurii 10-16)dha. Sababiin gareen hawaasaa kunniin filatamaniifis akka bakkeewwn qorannoon kun irratti adeemsifameetti durduriiwwan himuufi taphachuun qaamota hawaasaa beekamoo ta'anii waan argamaniifidha. Neuman (2000) akka ibsetti, ragaalee hojii dirree funaannachuu keessatti malleen iddatteessuu akkayyoofi darbaadabarsaa filatamoodha. Qorannoo kana keessattis, raghimtoota filachuuf malleen iddatteessuu miti-carraa keessaa malleen iddatteessuun akkayyoofi darbaadabarsaa kunniin kanneen itti dhimma ba'amanidha.

Meeshaaleen funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti itti dhimma ba'aman immoo dawwaannaa (daawwaannaa hirmaachisaafi al-hirmaachisaa), afgaaffii (afgaaffiilee al-caaseffamoofi caaseffamoo gar-tokkee)fi mariigaree xiyyeeffannoodha. Ragaaleen kennamanis eeyyama raghimtootaa bu'uurreffachuun mala waraabbii sagaleefi suur-sagaleen, akkasumas, mala yaadannoon qabachuun fudhatamaniiru. Ragaaleen funaanamanis erga barreeffamatti jijjiiramanii booda mala akkamtaan xiinxalamaniiru.

**Qaaccessa Ragaalee**

Caasaalee durduriiwanii qorachuu keessatti hariiroon taatota durduriiwwan sun irraa ijaaramanii gidduutti uumamu bu'uura yommuu ta'u, akkuma eenyummaa dhugaa dhala namaas amala, dandeettiifi ilaalcha garaagaraa qabaachuun qooda fudhatu (Okpewho, 1992). Seeneffama durduriiwwan Oromoo Maccaa keessattis taatotni isaan irrraa ijaaraman yeroo baayyee kanneen amalaafi dandeettii faallaa walii qaban, guddina qaamaan walfaallessaaniifi hariiroon diinummaa isaan gidduutti mul'atu irraadha. Darbee darbee garuu kanneen amala walfakkaataafi finnummaa qabanituu waliin hiriiruun irraa seeneffamu. Qaaccessi caasaalee durduriiwwanii qorannoo kanaan adeemsifamees galumsa durduriiwwan sun keessatti himaman kan bu'uureffatedha. Qaaccessi ragaalee taasifame immoo kan qoratichi adeemsisedha malee kan raghimtootaan qaacceffaman miti. Gaalee 'Durdurii Oromoo Maccaa' jedhu qorannoo kana keessaatti irra deddeebiin dhufee jiruufis gabaajeen **DOM** jedhu itti dhimma ba'amee jira. Akkasumas, kanneen caasaalee marsaa tokkoo olii qabaniif: caasaa marsaa jalqabaaa (CMJ), caasaa marsaa lammaffaa immoo (CML) jechuun gabaabsifamuun itti dhimma ba'amee jira.

***Leenca, Waraabessaafi Waangoo* (DOM-1):** *Bara durdurii leenca, waraabessaafi waangootuu wajjin jiraatu ture. Gaaf tokko waliin ta'anii walmari'atanii duula waa adamsachuu deeman. Milka'aniis sangaa, harreefi reettii ajjeefatan. Kanaa booda, hirachuuf gad taa'anii yennaa jedhan leenci hunda ofii fudhachuu fedhee akka jiru yaadaan himachaatuma waraabuun waamee, "Kottuu nuuf hiri!" jedhe. Waraabus dhufee, "Yaa Abboguddo silaa rabbuu nuuf hireera, malan nuuf hiraa?" jedhe. Leencis, "Rabbi akkamitti nuuf hiree?" jedhe. Waraabus, "Harree kan koo, sangaa kan keessan, re'een immoo kan waangoo godheetihoo!" jedhe. Kanumaan leencis akkasii isa jedhu irrattti haadee ka godhe kakaki godhe. Waangoos waamee "Mee atimmoo kottuu nuuf hiri!" jedhe. Waangoonis dhuftee, "Abboguddo reetiin ciree keessan ganamaa; harreen misaa keessan guyyaa; sangaan immoo hirbaata keessan galgalaa haata'an" jette. Leencis, "Eenyutuu waan gaarii akkasii kana si barsiisee?" jedhe. Waangoonis, "Isa waraabu akkanatti ciisu kanatuu na barsiise" isa jettu baraxxaxxee biraa baddee jedhama.*

Caasaan seeneffama DOM-1 caasaalee shanan kan ofkeessaa qabu yommuu ta'u, caasaa seeneffamaa marsaalee lamas ofkeessaa qaba. Caasaan marsaa jalqabaas taatota gurguddoo durdurichaa waliin jiraatan keessaa leenaafi waraabessa gidduutti kan argamu yommuu ta'u, innis: walwajjin jiraachuun isaanii caasaa hiriyyummaa, waliin ta'anii waliigalanii adamoo deemuun isaanii immoo caasaa waliigalteedha. Bu'aa adamoo isaanii hunda ofii fudhachuuf murteessuun leencaa immoo caasaan waliigaltee cabsuu uumamuu isaa agarsiisa. Akkasumas, leenci akkamitti akka rabbi isaaniif hire gaafachuun isaa caasaa walqorachuu yoo ta'u, leenci waraabuun ajjeesuun addaan ba'uun isaanii immoo caasaa diigamuu hiriyyummaadha.

Caasaan marsaa lammaffaa DOM-1 kanaa immoo garee taatotaa sanaa keessaa leencaafi waangoo gidduutti kan mul'atudha. Kunis, waliin jiraachuun leencaafi waangoo caasaa hiriyyummaa, waliin ta'anii adamoo/duula deemuun isaanii immoo caasaan waliigaltee dhalachuu agarsiisa. Akkasumas, waan adamsanii argatan sana hunda ofumaaf fudhachuuf dhiibbaa gochuun leencaa immoo caasaan waliigaltee cabsuu uumamuu mul'isa. Leenci 'eenyu waan gaarii akkasii si barsiisee?' jedhee waangoo gaafachuun isaa immoo caasaa walqorachuu kan ibsu yommuu ta'u, baraxxaxxee biraa baduu waangoon addaan ba'uun isaanii immoo caasaa diigamuu hiriyyummaa uumamuu agarsiisa.

***Gafarsaafi Qamalee*** **(DOM-2):** *Durdur gafarsatuu ilmoo dhalee bakka jireenya isaa baddaa keessa kaawwatee dheedisaaf deeme. Amma kanatti qamaleen immoo ilmoo gafarsaa kana ajjeeftee gattee ofii ishee immoo ilmoosaa fakkaattee achi teesse. Gafarsis ilmooma ofii se'ee dhufee dhufee hoosisa; isheenis itti rarraatee hooti. Utuma hoosisu hoosisuu gaaf tokko "Ilmoo koo maaliif guddachuu didee?" jedhe. Ilmoonis "Waanan godhen walaale; isin isa kanaa ani isii kana, mee mana wayii naa dhaqaa malee harma kanoo hariin hodhaa" jette. Gafarsis, "Maaliinan dhaqaa?" jedhe. Ilmoonis, "Dhaqaa damma doolloo bitaatii na fudhaa deemaa!" jette. Gafarsis "Baroodha" jedhee dhaqee damma doollootti bitee ilmoo dugdarra buufatee gara mana beekaatti ka'e. Utuma deemanii ilmittiin; "Ba'aan isin rakkisaa, damma doollichaa as kennaa ani baadhaa" jette. Innis itti kenninaan fuutee nyaachuu jalqabde. Dammi dugda gafarsichaatti cobee itti jijiinaan, "Ilmoo koo maal inni natti jijiidhu kun?" jedhee gaafate. Ilmoonis; "Isuma isin na duukaa joonjoftan kanatuu na boosisnaan himmimaan kooti sinitti cobaa jiraam" jette. Damma doolloo sana nyaattee fixxee yennaa muka bira geessu tuf jettee muka fiixee baddeennan, cuullifatee ilaalaa "Eessa dhaqxa ilmoo koo?" jedhe. Isheenis, ija keessa isa ilaalaa dhaqi:*

*"Bittee damma kee dhabde*
*Guddiftee na dhabde*
*Dhaltee ilmoo kee dhabde*
*Dhaqi sadi badoo" jettee jedhama.*

Caasaa seeneffama DOM-2 kanaa ilaalchisee immoo qamaleen ilmoo gafarsaa ajjeeftee gattee ofii immoo ilmoo isaa fakkaattee achi taa'uuniifi gafarsis ilmooma ofii se'ee dhufee dhufee hoosisuun walitti dhufeenya haadhaafi dhalaa uumamanii wajjin jiraachuun isaanii caasaan hiriyyummaa uumamuu yommuu agarsiisu, damma doolloo fudhatanii ganda waa himtuu deemuuf karaa bu'uun isaanii immoo caasaan waliigaltee dhalachuu mul'isa. Damma doolloo sana nyaattee fixuuniifi gafarsa sana gattee fiixee mukaarra baduun ilmoo qamalee immoo caasaan waliigaltee cabsuu uumamuu agarsiisa. Cuullifatee ilaalaa "Eessa dhaqxa ilmoo koo?" jedhee gaafachuun gafarsaa immoo caasaa walqorachuu yommuu ta'u, ilmoon sun immoo dhaqi:

*"Bittee damma kee dhabde*
*Guddiftee na dhabde*

*Dhaltee ilmoo kee dhabde*

*Dhaqi sadi badoo"* jechuun muka sana irratti hafuun itti adda ba'uun ishee immoo caasaa diigamuu hiriyyummaa ibsa.

***Jaldessaafi Hantuuta*** **(DOM-3):** *Durdur jaldessaafi hantutatuu wajjin jiraatu ture. Qixxees qotatanii galfatan. Dhangaa galfatan kanas mana tokko keessa kuufatanii qollofatan. "Furtuummoo ati ofbira nuuf kaa'imee!" jettee hantuutni jaldu harkatti dhiifte. Hantuunni sobdeemmoo lafa jalaan hurtee ol galtee boolla qottee dhangaa sana boollasheetti guuruutti kaate. Utuma guurtuus fixxe. Erga fixxees jalduun "Anoo….. nan beela'ee, mee kottu deemnee dhangaa keenya hirannaa!" jette. Deemanii yeroo mana bananii ilaalan dhangaan tokkollee hinjiru. Karaa karaa iyyanii iyyanii erga jedhaniis jaldu ofirra gadi taa'e gaddasaa qaxxale. Hantuutnis, "Situu fixe; furtuun si harka jira mitii!" jette. Jaldus kanarratti itti aaree "Akkas taanaanimaa situu fixe jechuudham!" jedhe. "Situu fixe, situu fixe, situu fixe" waliin jedhanii walitti falmaa erga turanii booda, firdii akka isaaniif keennaniif bineensota waammatan. Bineesonnis dhufanii dubbii isaanii erga ilaalaniifii "Waliif kakadhaa!" jedhan. "Ishi" jedhanii lamaanuu waliif kakatan. Erga waliif kakataniis hantuutni "Abbaa dhugaa rabbi inbaasaa, kottaatii mana dhangaan keenya keessaa dhume kanatti ol nu galchaatii abidda nutti qabsiisaatii nu gubaa!" jette. Bineensonnis "Ishi" jedhanii ol isaan galchanii abidda itti qabsiisan. Hantuutnis akkuma abiddi itti qabateen daftee boollasheetti xilliqi jette. Ishii boollasheetti xilliqi jedhuufi bokkaan jandoon roobu takkaa ta'e. Bokkichi jaldurraa abidda dhaamsee isheemmoo boollashee keessatti ishee ajjeese. Dhangaa isheen boollatti guuraa turtes boolla keessaa yaasee haree sokkee. Akkasitti jaldu oolee hantuunn immoo duutee jedhan.*

Caasaalee seeneffamaa durdurii kana ilaalchisees, durduriin kun caasaalee seeneffamaa shanan guutee kan seeneffamee jirudha. Kunniinis, walitti dhufanii waliin jiraachuun jaldeessaafi hantuutaa caasaan hiriyyummaa uumamuu yommuu agarsiisu, qixxee qotachuun isaanii, dhangaa galfatan mana tokko keessa kuufachuun isaaniifi waliigalteen furtuu jaldeessa harka kaawwachuun isaanii immoo caasaan waliigaltee dhalachuu agarsiisu. Hantuunni lafa jalaan urtee olgaltee boolla qottee dhangaa sana boolla isheetti guurtee fixuun ishee immoo caasaan waliigaltee cabsuu uumamuu kan ibsu yommuu ta'u, situu fixe, situu fixe jechuun walkomachuun isaanii immoo caasaan walqorachuu uumamuu agarsiisa. Hantuunni ajjeeffamtee, jaldeessi hafuun gargar ba'uun isaanii immoo caasaan diigamuu hiriyyummaa dhalachuu ibsa.

***Illeettiifi Qocaa*** **(DOM-4):** *Duridha qocaafi illeettiituu zamada walii ta'anii wajjin jiraatu turan. Illeettiin yeroo hundumaas qocaadhaan "Kottuu dorgommii figichaa naaf ba'i!" jetti. Qocaan immoo, "Lakki, anoo hindanda'u" jetti. Illeettiin garuu diddee rakkiftee hammaatte. "Ati*

*dadhbduudha! Eyi, ati dadhabduudha!" jettees tuffattee hammaatte. Kanaa booda, qocaanis fakkarsuufi arrabsoo illeettii kana dadhabdee; "Egaa erga jettee, dura daanyaa kaawwannee haafignu" jette. Guyyaan dorgommii isaaniis geenyaan bineesonni hunduu ilaaluuf ba'an. Shilimaatii ciccimaas kan mo'eef qopheessan. Daanyonni isaan kaawwatanis fiigicha jalqabsiisan. Illeettiin utuma qocaan tokko hintarkaafatiin gamaan baatee galagaltee ilaalte. Gaafa ilaaltu qocaan achumaa munyuuqxi. "Mu kunoo waggaa kanayyu naqaqabdu, xiqqoon rafee ka'a" jettee gortee rafte. Qocaan garuu figicha ishee ittuma fuftee. Utuma fiigduu bakka isheen raftee jirtutti qaqqabdee lafa dhiitaa fiiguurraa faana ishee qoxxobdee quban fiigdee bira darbite. Utuu illeettiin raftuu qocaan xumurtee gaafa jettu daawwattoonni hunduu wacaa, harka walitti reebuufti ka'an. Illeettiin waca dhageessee naatee kaatee gaafa fiigichatti kaatu qocaan gonfoo fudhatteetti. Akkasitti qocaan illeettii fiigicha mo'atee jedhama.*

Durduriin kun (DOM-4) immoo caasaalee seeneffama sadii irraa ijaaramee jira. Isaanis: firooma uumanii (zamada walii ta'anii) wajjin jiraachuun isaanii caasaa hiriyyummaa, abboota seeraa (daanyota) keewwatanii fiiguuf waliigaluun isaanii immoo caasaa waliigaltee agarsiisa. Figicha jalqabanii erga jedhanii figicha dhaabdee gortee rafuun illeettii immoo caasaan waliigaltee cabsuu uumamuu ibsa. Caasaan walqorachuufi caasaan diigamuu hiriyyummaa garuu durdurii kana keessatti uumamanii hinjiran.

***Mootii Saree*** **(DOM-5):** *Bara durii mootii saree tokkotuu saroota walgahii waame. Saroonnis bakka jiran hundaa walgahanii yommuu jedhan mootichi walgahii geggeessuu jammaree "Yaa firootaa maal nuuf wayaa? Hundu buchuu buchuu jedhee nu waamaa; xinnaan guddaan waamee nu ergataa maal nuuf wayyaa? Nyaatee quufees hafaasaa nuutti darbataa; maal nuuf wayaa? Maqaan nu baddee jaranana, maal nuuf wayaa?" jedhe. Saroonnis itti waliigalanii, mootiin kunis tuma tumee "Egaa kanaa booda eenyullee buchu buchuu jedhee, na na jedhee yoo nu waame hindhaqnu. Kan dhaqes yoo argine tuma itti tumna" jedhe. Utuma inni kana jedhaa jiruu namichi darbaa jiru tokko saroota walgahanii jiran sana argee, "Buchuu buchuu, buchuu buchuu" jedhee waame. Mootichi sarees walgahii geggeessaa jiru sana dhiisee gara namichaatti xiriirfate. Achumaan saroonis teellaasaan kufaa cabaa duukaa fiiganii jedhama.*

Caasaalee seeneffamaa DOM-5 kanaa ilaalchisee immoo durduriin kun caasaalee seeneffamaa lama qofa irraa ijaaramee jira. Durdurii kana keessatti caasaan hiriyyummaa kan hinuumamiin yoo ta'u, mootiin sareefi saroonni waliif galanii seera tumachuun isaanii caasaa waliigaltee dhalachuu agarsiisa. Mootiin saree sun seera tumatan sana cabsee gara namicha buchuu buchuu jedhee waamee sanatti xiriirfachuun isaa immoo caasaan waliigaltee cabsuu uumamuu agarsiisa. Akkuma caasaa hiriyyummaa, caasaan walqorachuufi caasaan diigamuu

hiriyyummaas seeneffama durdurii kana keessatti hinuumamne.

***Walgahii Mukeenii*** **(DOM-6):** *Durdurii mukeenituu "Waa'ee diina keenya isa nu fixaa jiru kanaa mee walhaamari'annu" jedhanii sabsabaa bahan. Geggeessan isaanii immoo mootii isaanii kan ta'e laaftoo waan tureef, "Mee waa'ee diina keenya isa nu fixaa jiru qottoo kanarratti haamari'annu?" jedhee marii jalqabsiise. Akka mukti qottoo jallaa damee laaftoorraa hojjetamu immoo mukeen hunduu beeku turan. Garuu yoo damee keetuu nu fixaa jira jennehoo mootiidha caalaatti nu fixaa jedhanii sodaatanii kaan kana jedhan, kaan immoo sana jedhan. Dhumarratti, beekaan dubbii beeku tokko isaan keessaa ka'ee "Qottoon maal nu godhee? Mee qottoon maal nu godhee? Numa keessaa kan damee jallaatoo nu fixaa jiraa" jedhee jedhama.*

Seeneffama DOM-6 kanaa ilaalchisee immoo durduriin kun caasaa seeneffamaa tokkoyyu osso hinqabaatiin seeneffamee jira. Kana jechuunis, caasaa hiriyyummaa, caasaa waliigaltee, caasaa waliigaltee cabsuu, caasaa walqorachuufi caasaa diigamuu hiriyyummaa kan hinqabnedha jechuudha. Kanneen akkasii kun durduriiwwan Oromoo keessatti kan argaman yommoo ta'an, isaan akkasii kanas durduriiwwan caas-dhabeeyyii jechuu dandeenya.

***Hattoota Afran*** **(DOM-7):** *Bara durii hattoota afur waljaallatan tokkotuu wajjin jiraatu turan. Kan biyyaaf gamsiisaniifi hataniima kan jiraatanis turan. Mikinaata haattoota kanaaf dhiirri hunduu dallaa eegaa bula malee haadha manaa isa bira mana hinbulu ture. Kanumaan jaarsi biyyaa walgahee bahee hattoota sana abaare. Utuma kanaan jiranii hattoonni sun gaaf tokko guyyaadhaan mana namicha sooressa tokkoo seenanii saaxinii bananii birriifi qabeenyaa biraa guurrratanii lagatti namman. Caakkaa seenanii erga jedhanis tokkichi "Booda hirannaa, kottaa namni lama taa'ee birrii kana haaeegu, namni lamammoo olbahee nyaata nuuf haabitu" jedhe. "Tole" jedhaniis waliif galanii lama birricha eegutti hafan, lamammoo nyaata bituu deeman. Kanumaan warri birrii eegutti hafan "Koottu akkuma isaan nyaata fidanii dhufaniin ati tokko, ani tokko xiyyiitiin lafa buusnaa, afuritti hirachuurra lamatti hirachuu nuuf wayyaa" jedhanii mari'atan. Warri nyaata bituu deemanis "Kottu aniif ati dirshaa keenya asumatti nyaannee isaaniif immoo binnee marzii itti naqnee funeefii deemnaa, afurti hirachuurra lamatti hirachuus nuuf wayyaa" jedhan. Waliif galaniis marzii itti dhoobanii fudhanii dhaqani. Gaafa isaan dhaqanii achi ga'an, warri birrii eegutti hafan sun lamaan akkuma waliif galanii turanitti tokko tokko tata godhanii achi achi buusan. Kanaa booda, nyaata jarri bitanii fidan sana immoo fudhatanii nyaachutti gadi taa'an. Lama lama gaafa afaan kaawwatanii jedhani tokko garasitti tokkommoo garanatti cunqul cunqul jedhanii du'anii jedhama.*

Seeneffama DOM-7 kana ilaalchisee immoo durdurichi caasaalee afur ofkeessa qaba. Isaanis: walitti dhufanii wajjin jiraachuun hattoota sana afranii caasaa hiriyyummaa yoo ibsu, waliigalanii ga'ee hojii waliif qooduun isaanii immoo caasaan waliigaltee uumamuu agarsiisa. Warri qarshii eeguutti hafan kanneen nyaata bituu deeman ajjeessuuf mari'achuufi warri nyaata bituu deemanis kanneen qarshii eeguutti hafan ajjeessuuf mari'achuun isaanii immoo caasaan waliigaltee cabsuu dhalachuu agarsiisa. Caasaan walqorachuu garuu adeemsa seeneffama durdurii kanaa keessatti kan hindhalatiin yommuu ta'u, walajjeessuun hunduu du'anii tokkummaafi waliin jireenyi isaanii dhabamuun immoo caasaa diigamuu hiriyyummaa addeessa.

Caasaaleen durduriiwwanii armaan olitti dhihaatan gabateeffamuun bifa gabaabaan yommuu dhihaatanis akka itti aanee jiru kana ta'u. Gabaticha keessatti mallattoon bakka duwwaa (—) itti dhimma ba'ame kunis durduriin sun caasaa sana kan hinqabne ta'uu agarsiisuufidha.

**Gabatee:** ***Caasaalee Durduriiwwan Oromoo Maccaa***

| **Durdurii** | **Caasaalee Seeneffamootaa** | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | Caasaa Hiriyyummaa | Caasaa Waliigaltee | Caasaa Waliigaltee Cabsuu | Caasaa Walqorachuu | Caasaa Diigamuu Hiriyyummaa |
| DOM-1 CMJ | wajjin jiraachuun isaanii | walmari'atanii adamoo deemuun isaanii | leenci bu'aa adamoo isaanii hunda ofii fudhachuuf murteessun isaa | leenci akka itti rabbi isaaniif hire gaaffachuusaa | leenci waraabuun ajjeesuun isaa |
| CML | walitti dhufanii wajjin jiraachuun isaanii | walmari'atanii waliin ta'uun adamoo deemuun isaanii | leenci bu'aa adamoo isaanii hunda ofumaaf fudhachuuf murtessuun isaa | leenci eenyu waan gaarii akkasii akka barsiisee gaafachuun | waangoo baraxxaxxee biraa baduun ishee |
| DOM-2 | hariiroo haadhaafi dhalaa uumuun wajjin jiraachuun isaanii | walmari'atanii ganda waa himtuu deemuuf karaa bu'uun isaanii | ilmoo qamalee damma doolloo sana nyaattee fixuun gafarsa gattee fiixee mukaa gubbaa bu'uun | gafarsi 'eessa dhaqxa ilmoo koo' jechuun gaaffachuun isaa | ilmoon qamalee muka sanarratti hafuun addaan bahuun isaanii |
| DOM-3 | wajjin jiraachuun isaanii | qixxee qotachuufi dhangaa isaanii mana tokko keessa kuufachuun isaanii | hantuunni boolla qotattee dhangaa sana itti guurrattee fixuun ishee | situu fixe, situu fixe jechuun walkomachu-un isaanii | hantuutni ajjeeffamtee jaldeessi garuu hafuun isaanii |
| DOM-4 | firooma uumanii wajjin jiraachuun isaanii | abbaa seeraa keewwatanii figuuf waliif galuun isaanii | illeettii figicha dhaabdee gortee rafuun ishee | __________ | __________ |
| DOM-5 | __________ | eenyullee buchu buchuu jedhee yoo isaan waame akka hindeemneef waliif galuun isaanii | mootiin saree sun walgahii geggeessaa jiru dhiisee gara namichaatti xiriirfachuun isaa | __________ | __________ |
| DOM-6 | __________ | __________ | __________ | __________ | __________ |
| DOM-7 | waljaallatanii wajjin jiraachuusaanii | waliif galanii ga'ee hojii waliif qooduun isaanii | walajjeessuuf walirratti mari'achuu isaanii | __________ | ajjeesanii walfixuun isaanii |

Qaaccessa caasaalee durduriiwwan Oromoo Maccaa qorannoo kana keessatti taasifameenis irra caalaan isaanii caasaalee seeneffamaa shanan Okpewho (1992) eeree guutuun kan ijaaraman ta'uu addaan ba'eera. Kaan garuu caasaalee seeneffamaa afur, sadii, lamaafi caasaa tokko qofa qabaachuun ijaaramu. Kan hinqabnes nijira. Akkasumas, kanneen caasaalee seeneffamaa marsaa lamaafi isaa ol qaban nijiru. Kunniin immoo durduriiwwan Oromoo Maccaa unkaa mataa isaanii qaban jiraachuu agarsiisu. Dabalataanis, caasaaleen seeneffama durduriiwwan Maccaa, walitti dhufanii waliin jiraachuufi waldanda'uun milkaa'ina kan gonfachiisu ta'uufi bu'aan, aangoon, ofittummaan, amalliifi axxummaan badaan garuu yeroo baayyee maddeen walitti bu'iinsaa ta'uun tokkummaa kan diigan ta'uu isaanii addeessa.

**Cuunfaa Argannoowwaniifi Goolaba**

**i. Cuunfaa Argannoowwanii**

Durduriin tapha dubbii afaanii xinqooqaawwan dabalataa garaagaraan deggerame himamu ta'ee kan akkaataa jiruufi jireenyaa hawaasa tokkoofi dandeettii kalaqa sammuu ilma namaa ibsudha. Durduriiwwan Oromoo Maccaa baayyeen caasaalee seeneffamaa shan qabaachuun caasaalee durduriiwwan biyyoonni Aferikaa Bahaa qaban kan qooddatan ta'uu qorannoo kanaan addaan baafamee jira. Akkasumas, durduriiwwan Oromoo Maccaa caasaalee mataa isaanii hordofuun seeneffaman kan jiran ta'uufi durduriin tokko himamsa isaa irratti hundaa'uun gosaafi lakkoofsa caasaalee jijijjiiramaa qabaachuu akka danda'us addaan ba'ee jira. Kanneen malees, adeemsi caasaalee seeneffama durduriiwwan Maccaa, Macci durduriiwwan isaatti dhimma ba'uun jiruufi jireenya isaa keessatti waliin jiraachuun (tokkummaan) humnaafi milkaa'ina kan gonfachiisu ta'uufi faayidaan, aangoon, amaloonniifi abshaalummaan hinbarbaachifne garuu yeroo baayyee maddeen walitti bu'iinsaa ta'uun tokkummaa kan diigan ta'uu isaanii addeessa.

## ii. Goolaba

Caaseffamni durduriiwwanii qabxiilee ijaarsa durduriiwwanii jalatti ramadaman keessaa tokko ta'ee, adeemsota qindaa'inaa durduriiwwan hordofuun seeneffamanidha. Adeemsa seeneffama durduriiwwanii keessatti miyaafi ofitti hawwatummaa wantota durduriiwwaniif kennan keessaas caasaaleen durduriiwwan hordofuun seeneffaman isa bu'uuradha. Caasaaleen durduriiwwanii qorannoo kana keessatti qaacceffamanis kan isaan irratti hundaa'an inni bu'uuraa taatota durduriiwwan sun irraa ijaaraman irratti yommuu ta'u, kunis, hariiroo isaan adeemsa seeneffama durdurii sanaa keessatti jalqabaa hanga xumuraatti waliin qaban irrattidha.

Akkasumas, caasaalee durduriiwwanii qaaccessuu keessatti durduriin tokko caasaa/caasaalee dhabbataa qaba jechuun hindanda'mu. Sababiin isaas, akkaataa himaan ittiin seenessee hime irratti hundaa'uun lakkoofsiifi gosoonni caasaalee durduriin sun irraa ijaaramee jijijjiiramuu waan danda'uufidha. Kana malees, qorannoo kanaan, durduriiwwan Maccaa caasaalee seeneffamaa marsaa lamaafi isaa olii irraa ijaaraman akka jiranis addaan baafamee jira. Walumaagalatti, durduriiwwaan Oromoo Maccaa caasaalee 5/4/3/2/1 qabaachuun, yookaan caasaa tokkoyyu osoo hinqabaatiin kan seeneffaman yommuu ta'u, hariiroon taatota gidduutti uumamuufi akkaataan itti

himaan seenessuun himuus qabxiilee caasaalee durduriin tokko irraa ijaaramu murteessanidha.

**Wabilee**


Abrams, M. H. (1988). *Glossary of Literary Terms* (5th edition). New York: Holt, Rinehart and Winston.

Alemayehu Haile et al. (2006). *History of the Oromo to the Sixteen Century* (1st edition). Finfinne: Oromia Culture and Tourism Bureau.

Awoonor, K. (1983). *The Breast of the Earth: A Survey of the History, Culture, and Literature of Africa South of the Sahara.* New York: Nok.

Barthes, R., & Lionel, D. (1975). *An Introduction to the Structural Analysis of Narrative*. The John Hopkins University Press. New Literary History, 6(2), In, *Narrative and Narratives, winter, 1975 (pp. 237-272).*

Bascom, W. (1965). The Forms of Folklore: Prose Narratives. Published by Ameri Folklore Society. *The Journal of American Folklore, 78, 307*.

Cerulli, E. (1922). *The Folk-Literature of the [Oromo] of Southern Abyssinia*. Harvard African Studies III: Cambridge Mass.

Creswell, J. (2009). *Research Design: Qualitative, Quantitative and Mixed Approaches* (3rd ed.). Los Angeles: Sage Publication, Inc.

Desta Desalegn (2015). *A Functional Study of Tulama Oromo Oral Prose Narratives.* (Unpublished PhD Thesis), Addis Ababa: Addis Ababa University.

Dorson, R. M. (ed.) (1972). *Folklore and Folk life: An Introduction.* Chicago: The University of Chicago press.

Dundes, A. (1980). *The Study of Folklore*. Landon: Prentice Hall, Inc.

Eshete Gemeda (2008). *African Egalitarian Values and Indigenous Genres: The Functional and Contextual Studies Oromo Oral Literature in a Contemporary Perspective*. Syddansk Universitet (Unpublished PhD Dissertation).

Ezekiel Gabbisa (Ed.) (2007). *The journal of Oromo studies, 14*(1), 166-173).

Fekade Azeze (2001). “The State of Oral Literature Research in Ethiopia: Retrospect and Prospect”. *Journal of Ethiopian Studies, 34*(1)

Finnegan, R (1976). Oral Literature in Aferica. Oxford: Oxford University press.

George, W. B. (1981). *Folktales and Children*. West Port, Conn: Greenwood Press.

Getaachoo Rabbirraa (2006). *Quba Qabduu? Bu’uuraalee Barnoota Afaan Oromoo*. Dhabbata Maxxansaa Meggaa, Finfinnee.

Greimas, A. J. (1983). *Structural Semantics. An Attempt at a Method, trans.* D. McDowell, R. Schleifer, and A. Velie. Lincoln: University of Nebraska Press.

Jablow, A. (1961). *Yes and No: The Intimate Folklore of Africa*. New York: Horizon Press.

Lammii Kabbabaa (1995). *Wiirtuu. Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*. Jildii-7: Finfinnnee.

Luth M. (1982). *The European Folktales: Form and Nature*. USA: Indiana University Press.

Neuman, W. L. (2000). *Social Research Methods: Qualitative and Quantitative Approaches* (4thed.). Boston: Allyn & Bacon.

Okpewho, I. (1992). *African Oral Literature: Backgrounds, Character, and Continuity,* Bloomington: Indiana University Press.

Owomoyela, O. (1979). *African Literature: An Introduction*. London: Crossroads Press.

Propp, V. (1968). *Morphology of the Folk-Tale*. Trans. Laurence Scott. Austin: U of Texas.

Sahilu Kidane (1990). *Wiirtuu. Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*. Jildii-3: Finfinnnee.

Sahilu Kidane (1996). *Borana Oromo Prose Narratives: A Contextual Study*. MA thesis, Addis Ababa University.

Schoemaker, G. H. (Ed.). (1990). *The Emergence of Folklore in Everyday Life: A Field guide and Sourcebook.* Bloomington: Trickster Press.

Shaw, H. (1972). *Dictionary of Literary Terms*. New York: McGraw-Hill Book Company.

Songsin, P. (1999). *Study and Analysis of Khmer Legends and Folk Tales Regions 1-9***.** Bangkok: Thai Language Field of Study, Faculty of Human and Social Sciences, Thonburi Rajabhat Institute.

Sumner, C. (1996). *Oromo Wisdom Literature. (Vol. III) Folktales: Collection and Analysis.* Addis Ababa: Gudina Tumsa Foundation.

Tadesse Jaleta (2013). *Children and Oral Tradition Among the Guji-Oromo in Southern Ethiopia*. Trondheim: Norwegian University of Science and Technology.

Tasama Ta'a (1980). *The Oromo of Wollega: A Historical Survey to 1910* (Unpublished M.A. Thesis), Addis Ababa: Addis Ababa University.